# سُورَةُ الوَاقِعَةِ
# Suuraa Waaqi`aadhaa

*dura dursoo suuran tun (suura tulwaaqi-kgaa) je'amti | قبل كل شئ هذه السورة تسمى بسورة الواقعة

*isiin suuraa makkaati . | وهي سورة مكية

*aayaanni isi'ii sagaltamii jaha. | وآياتها ( ٩٦ )

*Lakkooysi isi'ii shantamii jaha. | وترتيبها ( ٥٦ )

*lsiin eega suuraa (xaahaadhatii)buute. | نزلت بعد سورة ( طه )

*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbii rahgmata qabuutii. | بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ

I}*gaafa qiyaaman dhaabbatte. | إِذَا وَقَعَتِ الْوَاقِعَةُ ﴿١﴾

2}*Dhaabbatiinsa isi'ii, lubbuun gaafas kijibsiisuu dandeessu,hin jirtuu,waan ar'a hin dhugo'oomsine hunda, gaafas ijaan gartee dhugo'oomsituuf jecha,gaafa qiyaaman dhaabbatte, waanuma hamtu'uutu argamu'uu taa'a. | لَيْسَ لِوَقْعَتِهَا كَاذِبَةٌ ﴿٢﴾

*Qiyaaman,tan nama addunyarratti if gu-ddissee ,kafare , azaaba keessatti ,gad qa-bdee xiqqeessitu | خَافِضَةٌ

3} *Tan warra addunya'arratti rabbiif gad je'ee amane, jannata keessatti guddiftee ,ol fuutu. guyyaan qiyaama'aa kaafira gad qabaa,mu'mina ol qaba . | رَّافِعَةٌ ﴿٣﴾

4}*Gaafni qiyaaman dhaabbattu , gaafa dachiin roraafamte ,takkaa sossoofamte jabaa hanga wanni isi'irratti jaarame hu-ndi Jijjigutti. | إِذَا رُجَّتِ الْأَرْضُ رَجًّا ﴿٤﴾

5} *Gaafa gaarotiin bututtee caccaphxee akka dhukkee bishaanitti naqamtee. , | وَبُسَّتِ الْجِبَالُ بَسًّا ﴿٥﴾

6}*Eegasii dhukkee taatee qilleensi fuu- | فَكَانَتْ هَبَاءً مُّنبَثًّا ﴿٦﴾

fuudhalhabaaanjjechuun. waan akka dhukke'ee ,tan aduu foodda'aan ,waan akka manaa seentu keessaa ,mul'atu {munbathaa} jechuun: waan adda faca'e.

وَكُنتُمْ أَزْوَاجًا ثَلَٰثَةً ﴿٧﴾

7}*Gaafa qiyaaman dhaabbatte namni bakkaa sadiyi itti baya, takkaa qoodame

I-Warra mirgaati isaan warraa kitaabni dalagaan isaanii, keessatti kataba-mte, gaafas harka mirgaatin isaanii kennamu

2-Warra bita'aati.isaan warra kitaabni,dalagaa isaanii bita'aan isaanii ke-nnamu.

3-Warra waan gaarii, dalagu'uufii.waan keessattii,Nama caale.takkaa nama hunda dura kute.yookaa dabre isaan warra akka anbiya'aatifii warra isaanitti dura dursoo amaneeti, duuba rabbiin jara sadeen kanarraa nuu dubbatee akki je'e:

فَأَصْحَٰبُ ٱلْمَيْمَنَةِ مَآ أَصْحَٰبُ ٱلْمَيْمَنَةِ ﴿٨﴾

8} *Kan duraa warra mirgaa Warra mirg-arraa maal quba qabda ? hgaala isaanii kan aakhira'arraa maal beyta?

وَأَصْحَٰبُ ٱلْمَشْـَٔمَةِ مَآ أَصْحَٰبُ ٱلْمَشْـَٔمَةِ ﴿٩﴾

9}*Kan lammeysa'aa warra bita'aatii wa-rra bita'arraa maal quba qabda? hgaala isaan aakhira'atti itti jiraatan beytee? Kan sadeessa'aa warra waan gaarii dalaguu keessatti nama hunda dura kutee haala isaanii kan aakhir'arraa maal beyta? Haala jara sadeen kanaa kan aakhira'aa nuutu sii odeessaa.,

وَٱلسَّٰبِقُونَ ٱلسَّٰبِقُونَ ﴿١٠﴾

10}*Warri addunya'arratti cinqii baatee waan gaarii dalagee nama biraa hunda dura kute,isaanumaatu aakhira'attis nama biraa hunda bira kuta.

أُوْلَٰٓئِكَ ٱلْمُقَرَّبُونَ ﴿١١﴾

11}*lsaan warra rabbiin nama biraa hu-ndarra ifitti dhiyeessu.

فِي جَنَّٰتِ ٱلنَّعِيمِ ﴿١٢﴾

12}*Isaan aakhira'atti jannata qanani'ii keessa qubatan.

ثُلَّةٌ مِّنَ ٱلْأَوَّلِينَ ﴿١٣﴾

13}*Warri nama hunda dura kute sun, irra hedduun isaanii ummata durirraayi. Takkaa ummata, ummata nabi muhammad dura dabrerraayi waan anbiyaan, siddiqonni isaan keessatti heddommaatuf jecha.

وَقَلِيلٌ مِّنَ ٱلْآخِرِينَ ﴿١٤﴾

14}*Ammoo gamni xiqqaa ummata maa-yyi'irraayi takkaa boodarraayi takkaa qoonni sadeenuu ummatuma muhamm-adirrayi

عَلَىٰ سُرُرٍ مَّوْضُونَةٍ ﴿١٥﴾

15}*Warri islaamatti takkaa waan gaarii dalaguutti nama biraa caale sun .aakhira'atti siree ziqiyaan dhawamterra tattaa'an (mowdguunah) jechuun dhawamte jechu'.

مُّتَّكِـِٔينَ عَلَيْهَا مُتَقَـٰبِلِينَ ﴿١٦﴾

16}*Siree sanirratti cicciqilfatanii fuula walitti gara galanii,kan tokkolleen dudda walittin galle.

يَطُوفُ عَلَيْهِمْ وِلْدَٰنٌ مُّخَلَّدُونَ ﴿١٧﴾

17}*Joollee amma lafaa kaatu , tan hin duune , tan hin dulloomne,babbereedduu lu'lu'a fakkaatutu.isaan khaddamu'uuf , waan isaan itti haajaman isaan gaafa tu'u-uf, isaanirraa naannawa.

بِأَكْوَابٍ وَأَبَارِيقَ

*Geebafii makhrajaan irra naannawan kan meetarraa tolfamte kan akka birill-e'etti hunga'u.

وَكَأْسٍ مِّن مَّعِينٍ ﴿١٨﴾

18}* Ammallee kaasa farsho`oo, kan ija farshoo yaaturraa guutamteen,gubbaa naannawan,nama fedhe obaasu'uu jecha.farshoo akhira'aa cinqamanii hin cunfanii ,ija farsho'oo tan (makgiin) je'amtu tan yaaturraa waraaban.

لَّا يُصَدَّعُونَ عَنْهَا

*farshoo san hoggaa dhugan mataan isaan hin dhukkubu

وَلَا يُنزِفُونَ ﴿١٩﴾

19}*Ammallee isi'iin hin machaayan akka farshoo addunya'atti.farshoon addunya'aa haala shan qabdi:
1-Namaatu itti cinqamee baasa,
2-Nama macheessiteeti aylii namarraa deemsifti.
3-Maataa nama dhukkubsiti.
4-Nama haqqisiifti.
5-Nama finceessifti.duuba farshoon aakhira'aa kana hundan qabduu ,gaari'ii ,isi'irraa obaafaman.

وَفَـٰكِهَةٍ مِّمَّا يَتَخَيَّرُونَ ﴿٢٠﴾

20}*Ammas waan jaalatanii filatan ashe-etarraa argatan.

وَلَحْمِ طَيْرٍ مِّمَّا يَشْتَهُونَ ﴿٢١﴾

21}*Isaan foon waa bararuu Kan qalbiin isaanii feetu, waytuma fadhan argatan.

وَحُورٌ عِينٌ ﴿٢٢﴾

**22}***Ammallee beera (hguurulkgiin) je'a-mtu, tan ija babal'attu babbareedduu

23}*Lu'lu'a namni harkaan hin tuqin, kan mana isaa keessajiru,akkaatu qaban. كَأَمْثَٰلِ ٱللُّؤْلُوِ ٱلْمَكْنُونِ ﴿٢٣﴾

24}*Wanni,warra islaamatti dura dursoo , daddafee seenef,waan dubbanne hunda kennineet, waan isaan dalaganirratti ,galata isaanii galchu'uufi. جَزَآءًۢ بِمَا كَانُوا۟ يَعْمَلُونَ ﴿٢٤﴾

*lsaan jannata san keessatti, waan rnakgnaan qabne, tapha hin dhagayan. لَا يَسْمَعُونَ فِيهَا لَغْوًا
25}*Ammallee waan diliitti isaan seensisu hin dhagayan وَلَا تَأْثِيمًا ﴿٢٥﴾

**26}***Yoo walirratti salaamatuu taate ma- إِلَّا قِيلًا سَلَٰمًا سَلَٰمًا ﴿٢٦﴾

lee takkaa yoo malaaykan isaanirratti , salaammatuu taate malee waan hamtuu hin argan, Rabbiin eega, sawaaba warra nama dura kutee, dubbatee ,sawaaba warra mirgaa dubbatee akki je'e.

27}*Warra mirgaa,aakhira'atti haalli isaanii maali ? akkamitti jiraatan ?haala isaanii nuutu sii odeessaa, وَأَصْحَٰبُ ٱلْيَمِينِ مَآ أَصْحَٰبُ ٱلْيَمِينِ ﴿٢٧﴾

28}*lsaan jannata keessatti, hoggaa hay- فِى سِدْرٍ مَّخْضُودٍ ﴿٢٨﴾

nii shirshirii deeman ,takkaa manuma isaanii maddii j iran .gaaddisa qurquraa, qoreen qabnee jala taa'an, qurquraa yoo , gaaddisa qurquraa ,qureen qabnee jala taa'an , qurquraa yoo firii takkitti fuudhanii adda baqaysan ,firii takkittii san keessaa nyaanni adda addaa torbaatamii lama bayu.rnanni isaani muka akkasii keessa jira jechu' (makhdguud): kan qoreen qabne jechu'. Qurquraan addunya'aatifii.kan aakhira'aa adda faaydaa qurqura'aa warra biyya ow'aa jiru, kan gaaddisatti haajamuutu beekha.

**29}** * Ammalle muka muuzaa kan firiin وَطَلْحٍ مَّنضُودٍ ﴿٢٩﴾

Jalaa qabdee hanga gubba`atti guutte , jala yookaa keessa jiran manni isaanii masnoo muuzaa kan gu`uun , qaama isaa guutte keessa jira { xalhgin } jechuun kan qaamni isaa hundi midhaanii jechu`u

30}* Ammallee gaaddisa zalaalarniii kan aduun hin jirjirre keessa taa'an .waan jannanni hundi, gaaddisa aduun qabne tayeef jecha وَظِلٍّ مَّمْدُودٍ ﴿٣٠﴾

وَمَآءٖ مَّسۡكُوبٖ ٣١

31}*ammallee bishaan hoggaa hunda ya-a'u. kan hin cinne keessa jiran.

وَفَٰكِهَةٖ كَثِيرَةٖ ٣٢

32}* Ammallee midhaan mukaa hedduu keessa jiran

لَّا مَقۡطُوعَةٖ

*Kan hogguma takkallee hin cinne takkaa hin dhabamne kan yaroo hunda waIitti dhaabbatu.

وَلَا مَمۡنُوعَةٖ ٣٣

33}*Kan namni tokkolleen iraan dhow-amne, kan namni si dhoowwu hinjirre, kan waan feete bakka feete guurattu.

وَفُرُشٖ مَّرۡفُوعَةٍ ٣٤

34}*Afaa laafa'arra, kan lafarraa ol fuu-dhame, beera isaanitiin wajji galan.

إِنَّآ أَنشَأۡنَٰهُنَّ إِنشَآءٗ ٣٥

35}*Beera isaaniim jannata keessatti qa-ban san, beeruma addunya'aati,uumaa bi-raa uumne,bareechinee bareedumina add-unya'arratti qaban caalchifnee , dullattii dardaroomsinee fokkattuu bareechinee.

فَجَعَلۡنَٰهُنَّ أَبۡكَارًا ٣٦

36}* Hunda isi'ii dubaratti deebifnee.

عُرُبًا

*beera jalala jaarsa isi'iitii du'u.

أَتۡرَابٗا ٣٧

37} *Beera umreen, yookaa barri isaanit-iifii , kan jaarsotii isaanii wal qixaa ,um-riin jaarsaa jaarti'ii ,aakhira'atti wal qixa .hundi isaanii soddomii sadii , soddomii sadii.

لِّأَصۡحَٰبِ ٱلۡيَمِينِ ٣٨

38}*Wanni beera san deebifnee uumnef.. warra mirgaatin qananiisu'ufi warri waan dubbanneen qanani'u.

ثُلَّةٞ مِّنَ ٱلۡأَوَّلِينَ ٣٩

39}*Cinaan isaani tuuta ummata durirraa taate

وَثُلَّةٞ مِّنَ ٱلۡأٓخِرِينَ ٤٠

**40}** * Ammoo cinaan isaanii tuuta umm-ata nabi Muhamadirraa taate rabbiin eega sawaaba warra mirga dubbatee, isaan warra kitaabni isaanii mirgaan isaanii kennamee, waan warra bita'a-rraa dubbatee akki je'e:

وَأَصۡحَٰبُ ٱلشِّمَالِ مَآ أَصۡحَٰبُ ٱلشِّمَالِ ﴿٤١﴾
41}*Warra bita'aa,maal hgaala isaanirraa beyta? aakhir'atti akkamitti jiraatan? Hgaala isaanii nuutu si himaa

فِي سَمُومٖ
*Ormi bita'aa sun ,qilleensa ibiddaa ow'aa , qaama nama seenufii,

وَحَمِيمٖ ﴿٤٢﴾
42}*Bishaan akkaan ow'a keessa, jiraatan

وَظِلّٖ مِّن يَحۡمُومٖ ﴿٤٣﴾
43}* Ammallee gaaddisa aaraa , gurraacha akkaan gurraachomu, ow'aa,

لَّا بَارِدٖ
*kan owa'a wahii namarraa hin qabbaneessine,

وَلَا كَرِيمٍ ﴿٤٤﴾
44}*Gaaddisa hamaa ,bifan tolle, gurraacha keessa jiraatan .. gaaddifni waa lamaaf barbaadama .. tokko ow'a haa nurraa deebisu'uufi. kuun haa jalatti hara baafannu'uufi, haa qalbiin jalatti, das nu jettu'uufi.duuba gaaddifni warri bita'aa,seenu,waan gaad difni Barbaadamuuf hundarraa qulla'a.

إِنَّهُمۡ كَانُواْ قَبۡلَ ذَٰلِكَ مُتۡرَفِينَ ﴿٤٥﴾
45}*Wanni warri bita'aa azaaba hamaa kana mudateef ,isaantu addunya'arratti waan lubbuun isaani jaalattu hundaan qanani'ee karaa rabbii deemuu didanii, karaa shayxaanatiifii ,karaa nabsee isaanii deeme,

وَكَانُواْ يُصِرُّونَ عَلَى ٱلۡحِنثِ ٱلۡعَظِيمِ ﴿٤٦﴾
46}*Isaan addunya'arratti dilii guddo'orratti didan , diliin gudoon: Rabbi dhii sanii, waan bira ibaadu' rabbiif shariika godhu',isaan kuffaara jechu' warra kitaabni bita'aan kennamuufi.

وَكَانُواْ يَقُولُونَ
*Wanni isaan je`uu turan

أَئِذَا مِتۡنَا وَكُنَّا تُرَابٗا وَعِظَٰمًا
*si gaafa duunee, foon keenya biyyee tayee, lafeen teenya caccaphxee hurrooyte,

أَءِنَّا لَمَبۡعُوثُونَ ﴿٤٧﴾
47}*Eegasii nuti qabri'ii kaafamnee, jiraachifamnaa?

أَوَ ءَابَآؤُنَا ٱلۡأَوَّلُونَ ﴿٤٨﴾
48}*Si abootin teenya,warri dabre akkasumatti jiraachifamtee, kaafamtii, je'an. duuba rabbiin nabi Muhammadiin akki je'e:

قُلْ إِنَّ ٱلْأَوَّلِينَ

*akki orma saniin jettu: warri dabre afii.

وَٱلْـَٔاخِرِينَ ٤٩

49}*Warri boodatis.

لَمَجْمُوعُونَ

*Walitti qabamu'uu, jiraata.

إِلَىٰ مِيقَٰتِ يَوْمٍ مَّعْلُومٍ ٥٠

50}*Wayti,guyyaa beekkama'aa san, hundi isaanii walitti qabamu'uu taa'an .eega qabri'ii kaafamanii,sun guyyaa qiyaama'aatii.

ثُمَّ إِنَّكُمْ أَيُّهَا ٱلضَّآلُّونَ ٱلْمُكَذِّبُونَ ٥١

51}* Duuba isin yaa warrajallatee, qiyaamaa kijibsiise ibadda azaabatti darbattanii, eegasii,

لَءَاكِلُونَ مِن شَجَرٍ مِّن زَقُّومٍ ٥٢

52} * Azaaba keessatti muka zaqquum je'amu, kan ibidda azaaba keessan mayru ,nyaattan.hoggaa beelti.isinitti jabeessitee. waan nyaattan.dhabdan, muka ajaayaa hadhaayaa san nyaattan.

فَمَالِـُٔونَ مِنْهَا ٱلْبُطُونَ ٥٣

53}*Muka sanirraa nyaattanii garaa guuttattan.

فَشَٰرِبُونَ عَلَيْهِ مِنَ ٱلْحَمِيمِ ٥٤

54}*Eegasii hoggaa mukni nyaattan sun .garaa isin ow'isee,dheebun isinitti jabeessite, bishaan ow'aa,akkaa danfu,irratti dhuydan.

فَشَٰرِبُونَ شُرْبَ ٱلْهِيمِ ٥٥

**55}** * Akka gaalli , dhukkuba bishaanitti isa bololchu qabu ,bishaan dhugutti , kan dhugus dheebuu hin baane, isinis dhuydan.kan dhuydan dheebuu hin baane.

هَٰذَا نُزُلُهُمْ يَوْمَ ٱلدِّينِ ٥٦

**56}*** Azaabni kun, waan warra bita'aa kan rabbi dhugo'oomsuu dideen guyyaa qiyaama'aa keessummeysu'uu jecha, qopheeffame.

نَحْنُ خَلَقْنَٰكُمْ

*Si yaa gabrootan kiyya, nuutu duraanuu dhaabamarraa isin uumee, isin argamsiisee.

فَلَوْلَا تُصَدِّقُونَ ٥٧

57}*Maalifguyyaa qiyarnaaa , isin jiraa-

chifnee, qabri'ii isin kaasnu keenya,hin dhugo'oomsine? Rabbiin waan hin jirre uume, waan jiru,kan bade,deebisuu hin dadhabuu ? santuu, deebisuu hin dadhabuu?santuu irra lafaa.yoo akka namatti laallee.

58}*Mee bishaan keessan kan beera kee- أَفَرَءَيْتُم مَّا تُمْنُونَ ﴿٥٨﴾

ssannitti ida'amtanee ,gadaamessa dhala'atti buuftan,sanirraa,naa odeessaa ? bishaan xiqqaa akkurna furri'iifii ,hancufaafii ,imimmaanifii, danfatti, qaama keessan keessaa bayu?

*Si isintu,bishaan hamaa san uumee nama godha moo? ءَأَنتُمْ تَخْلُقُونَهُۥٓ

59} *nuutu uumee nama godha? Nuhi je- أَمْ نَحْنُ ٱلْخَٰلِقُونَ ﴿٥٩﴾

chu' maalif namni bishaan san gadaamessa dhala'aa keessatti qicuu malee, dalagaa biraa keessaa hin qabu,dalagaan isaa achumatti dhaabbatti.kan eega sanii bishaan san dhiiga godhee, foon godhee,lafee godhee, ammas bishaanuma sanuu, adda qoodee,kana foon godhee , kana lafee godhee,kana morgaya godhee,kanarraa ija uumee, kanarraa rifeensa uumee, kanarraa waa biraa uume,kan bishaanuma tokkicha sanerraa,yoo fedhe dhiiraa dhalaa uumu,Rabbii tokkicha duuba eega Rabbiitu akkatti nu uumee beytanii, maalif Rabbiin guyyaa qiyaama'aatis ,lammada, isin uumee , isin jiraachisuu hin dhugo`oomsine

*nuti du'a isin hunda jiddu`utti qoonnee نَحْنُ قَدَّرْنَا بَيْنَكُمُ ٱلْمَوْتَ

jirra. hunda keessan, hirmaata du'aa keessatti wal qixxeessinee jirra ,xiqqa'aa, guddaan mooti'ii mooyaman,dureessafii hiyyeessi,warri lafaatifii , warri sami'ii ,hudi du'a keessatti wal qixaa , namni gaafa ta isaa geesse irraa oolu hin jiru akkanatti du'a isinitti murree jirraa ..

60}*nuti warra dadhabuu mitti . وَمَا نَحْنُ بِمَسْبُوقِينَ ﴿٦٠﴾

*isin lafarraa fin'ee,nama akka keessanii uumnee , bakka teessan finnee. عَلَىٰٓ أَن نُّبَدِّلَ أَمْثَٰلَكُمْ

61}*Ammoo isin uumaa biraa keessatti وَنُنشِئَكُمْ فِى مَا لَا تَعْلَمُونَ ﴿٦١﴾

yookaa (aalama) biraa keessatti isin uumuu hin dadhabnu .sun asxaa, takkaa alaamaa aakhira'aati, kan ayliin teessan beekuu hin dandeeye .sun uumaa guyyaa qiyaama'aatii . akkana jechuun :Rabbiin isin fixee, eegasii guyyaa qiyaama'aa ,uumaa biraa isin uumee, akka duritti isin deebisuu dandaya jechu.

وَلَقَدْ عَلِمْتُمُ ٱلنَّشْأَةَ ٱلْأُولَىٰ

*Rabbiin,akka uumaa duraa itti isin uume ,beytanii jirtan.kan isinii wahi hin je'amne ,bishaanirraa isin uumee, isin guutee ,gurraafii ijaafii onnee ,isinii kenne agartanii,jirtanii

فَلَوْلَا تَذَكَّرُونَ ﴿٦٢﴾

62}*Maalif Rabbiin duraan akkatti nu uumuu dandaye, guyyaa qiyaama`aa ,nu deebisuu ni danayaa ,hin yaanne.

أَفَرَءَيْتُم مَّا تَحْرُثُونَ ﴿٦٣﴾

63}*ammas ,mee waan midhaan taye, kan haa nuu mayru'uuf biyyee keessatti darbitanirraa nuu odeessaa

ءَأَنتُمْ تَزْرَعُونَهُۥٓ

*Si isintu,firii lafatti darbitan san magarsee, mataa itti godhamoo.

أَمْ نَحْنُ ٱلزَّٰرِعُونَ ﴿٦٤﴾

64} *nuutu magarsee firii itti godha nuhi .jechu.duuba Rabbiin waa lafarraa magarsee ,firii itti godhu, akkamitti warra du'ee qabriijiru ,Iafarraa hin magarsine.

لَوْ نَشَآءُ لَجَعَلْنَٰهُ حُطَٰمًا

*odoo feenee ,midhaan isinii magarsine san, caccaphsineeti ,akka waa takka irraan arganne goona.

فَظَلْتُمْ تَفَكَّهُونَ ﴿٦٥﴾

65}*duuba hoggaa san, rifattanii teessanii

إِنَّا لَمُغْرَمُونَ ﴿٦٦﴾

66}*nuti khasaaramne, shanyiin teenya lafatti badde.

بَلْ نَحْنُ مَحْرُومُونَ ﴿٦٧﴾

67}*Inuma nuti warra hoongaye kan waan faacaafaterraa,waa takkan argatin jettanii boochan .. haa tayuu Rabbiin yoo fedhe, midhaan san isinii tolcheeti, akka galfattan isinii godha . akka galata isaaf ga1chitanii. jannata isaa seentaniif jecha .. ammoo yoo fedhe balleesseti irraa isin hoongeessa, akka azaaba isaa beytanii, sodaattanii, qajeeltaniif jecha, waan nama garii ,quufni, Rabbii isaa ,isa irraanfachiisuf kan h oggaa balaan isatti ,takkaa ilmaan isatti ,takkaa ho rii isatti, takkaa ooyruu isatti buute, Rabbii isaa yaadatee, yaa Rabbi kan duraan naa kenne siyii, ammallee kan fudhate,siyii waan kanarraa caalu naa kenni je'ee ,kadhatu .duuba gaafana Rabbiin ni kennaaf

أَفَرَءَيْتُمُ ٱلْمَآءَ ٱلَّذِى تَشْرَبُونَ ﴿٦٨﴾

**68}***Rabbiin akki je'e: mee bishaan mi'aayaa isin dhuydan kanarraa nuu odessaa.

ءَأَنتُمْ أَنزَلْتُمُوهُ مِنَ ٱلْمُزْنِ
*Si isintu , duumessarraa, bishaan san bu-ufatee, eegasii dachii keessaa dhuydan moo.

أَمْ نَحْنُ ٱلْمُنزِلُونَ ﴿٦٩﴾
69}*nuutu Rooba sami'ii , duumessarraa buusee ,dachii seensisee,achirraa dhuydan ? nuutu roobse jechu'

لَوْ نَشَآءُ جَعَلْنَٰهُ أُجَاجًا
*odoo feenee bishaan mi'aayee , roobaa san,hadheessineeti, akka soogiddaa goonaa,waan dhuydan.dhabdan haatayuu Rabbiin ,Rahgmata isinii godhu'uu jecha, bishaan rni'aayaa isinii buusee,

فَلَوْلَا تَشْكُرُونَ ﴿٧٠﴾
70}* maalifnikgmaa gudoo Rabbiin isinii kenne kanarratti,galata isaan galchine

أَفَرَءَيْتُمُ ٱلنَّارَ ٱلَّتِى تُورُونَ ﴿٧١﴾
**71}** *Mee ibidda mukarraa baafattanirraa nuu odeessaa.biyya arabaa muka lamaatu jira.tokkoon(markhi) je'anii. Kaanin (ufaar) je'an .duuba yoo damee jiituu, mukaa lamaan sanirraa fuudhanii ,waliin rigan ibiddaatu jiddu'uu bu'a takkaayuu baya haatayuu waa san qofaa mitii mukni ibiddi irraa bayu, kan biralleen heddu'uutujira, biyya hunda.

ءَأَنتُمْ أَنشَأْتُمْ شَجَرَتَهَآ
*duuba mee isintu muka ibiddi irraa bayu san uumee ibiddi irraa bayu san uumee ,ibidda san keessat,uuma moo.

أَمْ نَحْنُ ٱلْمُنشِـُٔونَ ﴿٧٢﴾
72}*nuutu mukha san uumee,muka san keessatti ibidda san uume nuutu uume jechu'.

نَحْنُ جَعَلْنَٰهَا تَذْكِرَةً
*Nuti ibidda addunya'aa kana, akka ibidda aakhira'aa guddaa san,nama yaadachiisu'uuf uumne.kan namni isii arge,ibidda jahannam yaadatee,Rabbii isaa sodaatu goone.

وَمَتَٰعًا لِّلْمُقْوِينَ ﴿٧٣﴾
73} * Ammallee wanni ibidda addunya'aa kana uumneef,akka namni itti fayyaadatu'uufi.(muqwiin) jechuun warra taa'ufii warra deemu jechuudha (ibnu kgabbaas) akki je'u :(muqwiin ) jechuun warra imaltuu deemu,kan bakka umnooytuu qubate. isaan akkaan ibiddarraa faaydaa qaban ,ow'ifatu'uufii ,bineessan ifirraa ari'uufii, ammallee kgalaamaa kara'aa,kan namni qajeelun godhatu'uu jecha ,isaan hoggaa ibiddatti haajaman mukha lamaan sanirraa damee jiituu lama walitti ragan duuba ibiddaatu irraa baya.

| | |
|---|---|
| 74}*Rabbii kee guddaa maqaa dhayii wa-an isaan hin malle hundarraa isa qulqulle-eysi, Rabbiin waan dubbanne uume gud-date je'ii . | فَسَبِّحۡ بِٱسۡمِ رَبِّكَ ٱلۡعَظِيمِ ﴿٧٤﴾ |
| 75}*Bakka urjiin keessa deemtu hund-aan, isin khakhadhee, | فَلَآ أُقۡسِمُ بِمَوَٰقِعِ ٱلنُّجُومِ ﴿٧٥﴾ |
| 76}*Bakka urjiin keessa deemtufii ,bakka isiinqubattuun ,khakhatuun ,khakhuu gu-ddoodhaa ,odoo beytanii, silaa arnanta-niiti fayyadamtanii. | وَإِنَّهُۥ لَقَسَمٌ لَّوۡ تَعۡلَمُونَ عَظِيمٌ ﴿٧٦﴾ |
| 77}*qur'aanni kun qur'aana Rabbiin gud-disee kabaje, kan nabi muharnrnaddi rratti buufue. | إِنَّهُۥ لَقُرۡءَانٌ كَرِيمٌ ﴿٧٧﴾ |
| 78} *qur'aanni kun , kitaaba tiyfamaa ke- | فِي كِتَٰبٍ مَّكۡنُونٍ ﴿٧٨﴾ |

essa jir a.kitaaba waa itti ida'uudhafii ,waa irraa ir'isu'urraa eeggamu. Kitaabni sun,akka (ibnu kgabbaas) je'utti (Iawhgalmahfuuzgi) ammon (mujaahin ) akki :.kitaabni tayfamaan sun ,kan waa itti ida'uufii,waa irraa ir'isu'urraa,Rabbiin tiyse,kitaabuma qur'aanaa,kan nuti harkaa qabnu kana.

| | |
|---|---|
| 79} *Kitaaba sun nama xahaaraa takkaa wuduu'a, qabu malee namni kuun tuquun hin gayu. | لَّا يَمَسُّهُۥٓ إِلَّا ٱلۡمُطَهَّرُونَ ﴿٧٩﴾ |
| 80}*Qur'aanni,Rabbii waa hunda uume-rraa, nuu dhufee nabi , muhammadirratti bu'e. | تَنزِيلٌ مِّن رَّبِّ ٱلۡعَٰلَمِينَ ﴿٨٠﴾ |
| **81}** *Si isin ormi kuffaaraa, qur'aana kana kijibsiiftanii, itti kafartanii . | أَفَبِهَٰذَا ٱلۡحَدِيثِ أَنتُم مُّدۡهِنُونَ ﴿٨١﴾ |
| 82}*Bakka nama rig ii isinii kenneef, galata galchitan san dhiiftanii ,inumaa waan inni je'u kijibsiiftanii. | وَتَجۡعَلُونَ رِزۡقَكُمۡ أَنَّكُمۡ تُكَذِّبُونَ ﴿٨٢﴾ |
| 83}*mee maalif ,gaaf lubbuun qaama keessaa bayu'uuf ,khokkii geesse | فَلَوۡلَآ إِذَا بَلَغَتِ ٱلۡحُلۡقُومَ ﴿٨٣﴾ |
| 84}*kan isin isaa du'atti jiru ,ijaan gartan. | وَأَنتُمۡ حِينَئِذٖ تَنظُرُونَ ﴿٨٤﴾ |

وَنَحْنُ أَقْرَبُ إِلَيْهِ مِنكُمْ

*kan nuti ,takkaa malaaykan teenya, isinnira nama sakaraatatti jiru sanitti dhiyaattu.

وَلَٰكِن لَّا تُبْصِرُونَ ﴿٨٥﴾

85}*Haatayuu isin malaaykaa lubbuun ,nama du'u san keessaa ,fuudhu'utti jirtu , hin agartan

فَلَوْلَآ إِن كُنتُمْ غَيْرَ مَدِينِينَ ﴿٨٦﴾

86} *mee maalif yoo kan aakhira'atti.hin gaafatamnu hin qixaaxamnu .jettan taatan.

تَرْجِعُونَهَآ

*lubbuu nama du'atti jiruu san,maa du'arraa hin oolchine,hin deebifne,

إِن كُنتُمْ صَٰدِقِينَ ﴿٨٧﴾

87} *Yoo qabri'ii hin kaafamnuu ,hin gaafatamnuu keessatti,kan dhugaa dubattan taatan? duuba yoo nama isinitti jaba'aa kan du'atti jiru , kan ,du'arraa oolchuu hin dandeenye taatan ,akka dubbiin harka keessan hin jirre beeka'aa ,Rabbii tokkicha waa hu nde harka isaajirtutti amanaa .Rabbiin hgaala namaa kan hoggaa du'an iifii, kan hoggaa qabri'ii kaafamanii ,nuu himu'uu jecha, ammallee dara jaa namaa tan aakhira'aa, adda nuu babaasu'uu jecha, akki je'e:

فَأَمَّآ إِن كَانَ مِنَ ٱلْمُقَرَّبِينَ ﴿٨٨﴾

88}*namichi du'e sun yoo kan dalagaa gaari'iin Rabbitti dhiyaate taye yoo kan amanee waan gaarii dalagee Rabbi biraa kan galata qabu taye , yoo kan dalagaa gaari'iin, nama caale taye.

فَرَوْحٌ

*Bakka inni hara itti baafatu,

وَرَيْحَانٌ

*Amallee rizqii gaarii,

وَجَنَّتُ نَعِيمٍ ﴿٨٩﴾

89}*Arnmallee jannata keessatti qanani'antu ,rabbii isaa bira, isaaf jira,namicha gaarin sun ,addunyaa tanarraa gara waan gaarii rabbi biraa qabu sanitti godaana jechu'.

وَأَمَّآ إِن كَانَ مِنْ أَصْحَٰبِ ٱلْيَمِينِ ﴿٩٠﴾

90}*Ammoo namicha du'e sun ,yoo warra mirgarraa taye ,isaan warra kitaaba isaanii mirgaan fudhatuu.

| | |
|---|---|
| **91}***y aa ergarnaa kiyya Muhammad jarri warra rnirgarraa taye sun,qananii keessa jiranii malaaykan irratti salaamattee azaabarraa nagaya bayu'uun garnachiifti | فَسَلَٰمٌ لَّكَ مِنۡ أَصۡحَٰبِ ٱلۡيَمِينِ ٩١ |
| 92}*Ammoo namichi du'e sun ,yoo nama aakhiraan hin jirtu je'ee , waan Rabbiin je'u kijibsiisee , warra haqarraa jallate taye, inni warra bita'aa, kan kitaaba dalagaa isaa , bita'aan fudhatuu | وَأَمَّآ إِن كَانَ مِنَ ٱلۡمُكَذِّبِينَ ٱلضَّآلِّينَ ٩٢ |
| *Bakkeen inni,hoggaa dura lubbuun isaa aakhiraa dhayxu qubatu, wanni isaan keessummeysan, | فَنُزُلٞ |
| 93}*Bishaan akkaan owu, kan yoo dhuge garaa isaa waddee baysu. | مِّنۡ حَمِيمٖ ٩٣ |
| 94}*Ammallee ibidda jahannam isa seensisu | وَتَصۡلِيَةُ جَحِيمٍ ٩٤ |
| *Wanni sawaaba warra toleetifii , azaaba warra baderraa sii dubbanne kun, | إِنَّ هَٰذَا |
| 95}*isuma wanni dhuga'aa, kan shakkiin. yookaa mamni keessan jirre kan moromuun hin taanee. | لَهُوَ حَقُّ ٱلۡيَقِينِ ٩٥ |
| 96} *Ati rabbii kee waa isaa hin malle hundarraa qulqulleysi. | فَسَبِّحۡ بِٱسۡمِ رَبِّكَ ٱلۡعَظِيمِ ٩٦ |